Afaan Oromoo

# BARBAACHISUMMAA SALAATA (KADHANNAA) AWWAALCHAA (Salaat Al-Janaazaa)

***Ergamaan Rabbii (Sallallaahu Alayhi Wasallam / SAW) akkana jedhan, "Namni mindaa Rabbirraa barbaaduuf sirna awwaalacha nama muslimaa irratti hirmaatee, hanga salaanni salaatamee awwaalchi raawwatamutti isa waliin ture, mindaa qiraaxa 2 qabatee deebi'a. Qiraaxa tokko jechuun hamma gaara Uhud gaha. Namni immoo salaata qofa irratti salaatee awwaala isaa dura deebi'e immoo, qiraaxa 1 argatee deebi'a." [Al-Bukhaarii]***

**Odeeffannoo waa'ee gaara *Uhud*:**

1- Dheerinni isaa 7Km
2- Bal'inni isaa Km 2 hanga 3 ta'a
3- Olka'iinsi isaa 1077m
4- Ulfaatinni isaa toonii biliyoona 45 ta'a

**Gaaffiin asitti gaafatamuu qabu: Salaatni awwaalchaa kana booda isin jala hin darbaa?!**

## Haala Kadhannaa Awwaalchaa Itti Raawwatamu:

- Imaamni yeroo salaata awwaalchaa raawwatu faallaa mataa dhiiraa fi faallaa qaama gidduu ykn mudhii dubartii dhaabbachuun akka Sunnaatti fudhatama.
- Imaamni yeroo afur sagalee ol qabatee Takbiiraa (Allāhu Akbar) jechaa, yeroo afranuu quba agarsiiftuu fayyadamuun harka isaa gara gurraatti kan ol kaasu yoo ta'u; Muslimoonni duuba isaatti salaataa jiran hundinuu gocha isaa kana hordofu.

(1) Takbiira jalqabaa booda Ta'wiiza "A'uuzu Billaahi min al-Shayxaan al- Rajiim" (shayxaana abaaramaa irraa rabbitti maganfadha) booda suuraa Al-Faatihaa qara'a. Muslimoonni isa duubaan salaatanis akkasuma gochaa isa hordofu.

(2) Ergasii takbiira lammataa booda Ergamaa rabbii irratti salawaata buusa: *"Allaahumma salli alaa Muhammad wa'alaa aali Muhammad, kamaa sallayta alaa Ibraahiima wa'alaa aali Ibraahima innaka hamiidun majiid. Allaahumma baarik alaa Muhammad wa'alaa aali Muhammad, kamaa baarakta alaa Ibraahima wa'alaa aali Ibraahiima innaka hamiidun majiid."* (Yaa Rabbi akkuma ati Ibraahimii fi maatii Ibraahim guddifte Muhammad fi maatii Muhammad kaasi. Ati Faarfamaa fi kabajamaadha. Yaa Rabbi Muhammad fi maatii Muhammad akkuma Ibraahim fi maatii Ibraahiim eebbiftetti eebbisi. Ati Faarfamaa fi kabajamaadha.)

(3) Takbiiraa sadaffaa booda kadhanna kana kadhata: *"Allaahumma ighir lihayyinaa wamayyitinaa wasagiirinaa wakabiirinaa wazakarinaa wa'unsaanaa washaahidinaa waghaa'ibinaa. Allaahumma man ahyaytahuu minnaa fa'ahyihi alal iimaani, waman tawaffaytahuu minnaa fatawaffahu alal Islaam. Allaahumma laa tahrimna ajrahuu walaa tudhillnaa ba'dahu. Allaahumma ighfir lahu warhamhu, wa'afihii wa'fu anhu, wa'akrim nuzulahuu, wawwassi' mudkhalahuu, waghsilhu bilmaa'i wassalji walbarad, wanaqqih minal khaxaayaa kamaa yunaqqa alsawbul aabyadu Minaddanas. Wa'abdilhu daaran khayran min daarih, wa ahlan khayran min ahlih, wa zawjan khayran min zawjih, wa adkhilhul jannata wa a'izhu min azaabi alqabri wamin azaab alnaar"* (Yaa Rabbii kan jiruu fi kan du'e, ijoollee keenyaa fi maanguddoo, dhiiraa fi dubartii keenya, kan as jiruu fi kan hin jirreef rahmata godhi. Nama isa lubbuudhaan tursite iimaanaan nuu tursi. kan lubbuu isaa keessaa fuute immoo Islaamummaa irratti nuu godhi. Yaa Rabbi mindaa du'a keenyaa nu hin dhowwin, sana boodas immo nu hin dogoggorsin. Yaa Rabbi dhiifama isaaf godhi, eebbisii, bakka jireenyaa isaa kan itti aanu kabajamaa godhiif, balbala isaa bal'isiif, bishaanii fi cabbiidhaan akkuma yeroo uffatni adiin xurii irraa qulqullaa'u fakkaatutti cubbuu irraa qulqulleessi. Mana kan mana isaa asii caalu, maatii maatii isaa caalu, haadha manaa gaarii kan haadha manaa caaltutti jijjiiriifi. Jannata galchi azaaba qabrii fi ibiddaa irraa immo eegi.)

- Yoo daa'ima ta'e immo: *"Allaahumma ij'alhu faraxan wa dukhran liwaalidayhi, washafii'an mujaaban. Allaahumma saqqil bihii mawaaziinahumaa wa'azim bihii ujuurahumaa, wa'alhiqhu bisaalih almu'miniina, waj'alhu fii kafaalati Ibraahiima, waqihi birahmatika azaabal jahiim"*. (Yaa Rabbi maatii isaa eebbisi qabeenya fi araarsaa isaaniif taasisi guyyaa qiyaamaa. Yaa Rabbi ulfaatina gaarii isaan madaalli mindaa isaanii dabaliifi. Amantoota qajeeloo wajjin isa tursiisi. Eegumsa nabi Ibraahim keessa kaa'i).

(4) Takbiira afraffaan booda xiqqoo dhaabbatee, gara mirgaa qofatti garagalee Tasliima (assalaam 'alaykum warahmatullaah) si'a tokko jedhee xumura.

Kan hiikame Al-Andalus Group LTD
www.alandalusgroup.co.uk

**Muslimni kamiyyuu hanga qabiyyeen maxxansichaa kutaan tokkollee hin jijjiiramnetti maxxansa kana baay'isuuf mirga qaba.**

Awwaalcha Baahreen
Tajaajila bilisaa
Ispoonsara kan ta'e Masjiida Muhammad Ali Kaanuu